BULCHIINSA KUTAA MAGAALAA EEKKAA WIIRTUULEE GURMUU AANAA 10-12TTI, QORMAATA MOODEELA GADAA KUTAA 8FFAA KAN SEEMISTEERA 2FFAA MARSAA 1FFAA BARA 2016/2024.

BITOOTESSA, 2016/2024

BAAYINA GAAFFILEE WALII GALAA: 60 YEROON KENNAME: 60’

QAJEELFAMA:

1. AJAJA KENNAME SIRRIITTI DUBBISI. YOO GAAFFII QABAATTE OSOO QORMAANNI HIN EEGALIN NAMA TO‟ATU GAAFADHU. QORUMSI JALQABAMNAAN GAAFFII FI DEEBIIN HIN DANDA‟AMU.

2. WARAQAAN QORUMSAA KUN QORUMSA MOODELA AFAAN OROMOO BARATTOOTA KUTAA 8FFAA BARATANIIF KAN QOPHAA‟EDHA .QORUMSI KUN GAAFFILEE 60 OF KEESSAA QABA.GAAFFILEE KANNEENIIF YEROON SIIF KENNAME SA‟AATII 1:00 QOFA. YOO DAFTEE XUMURTE HOJII KEE IRRA DEEBI‟II ILAALI.

3. TOKKOON TOKKOON GAAFFIIF FILANNOOWWAN DHIYAATAN AFUR KAN A, B, C FI D JEDHAMANII DHIYAATAN QABA. TOKKOON TOKKOON GAAFFIIF FILANNOOWWAN ISAA DUBBISI. FILANNOO DEEBII NI TA‟A JETTU MURTEESSI. SANA BOODA WARAQAA DEEBII QOPHAA‟EE SIIF KENNAME IRRATTI FILANNOO KEE ADDA BAASUUF QUBEE FILANNOO HAMMATTUU KEESSA JIRU QUBEESSAADHAAN GURRAACHESSI. FAKKEENYAAF “B” KAN FILATTE YOO TA‟E, AKKA ARMAAN GADIITTI QUBEE B HAMMATTUU KEESSA JIRU GURRAACHESSI.

[A] [B] [C] [D]

4. YOO DEEBII KEE JIJJIIRUU BARBAADDE, DURA FILANNOO KEE ISA DURAA SIRRIITTI HAQI. BOODA FILANNOO KEE ISA DHUMAA GURRAACHESSI.

5. QORUMSA KANA KOPHAA KEE HOJJECHUU QABDA. YOO NAAMUSAAN ALA HOJJETTEE ARGAMTE FIRIIN KEE NI HAQAMA.

6. DHUMA SA‟AATII 1:00 IRRATTI TO‟ATAAN/TTUUN AKKA DHAABDU YOO SITTI HIME/TEBATTALUMATTI DHAABUU QABDA.

7. AKKA FIXXEEN GALMAA HIN BAHIN! HANGA WARAQAAN DEEBII WALITTI QABAMEE TOO‟ATAAN/TTUUN AKKA BAATU SIIF EYYAMUTTI/TUTTI BAKKUMA TEESSU TURI. HANGA SITTI HIMAMUTTI FUULA KANA HIN GARAGALCHINA!

QORMAATA MOODELAA BARNOOTA GADAA KUTAA 8ffaa BARA 2016 A.L.I

I. Gaaffilee Armaan Gadii Dubbisuun Qubee Deebii Sirrii Qabatee Jiru Filachuun Deebisi.

1. Kan armaan gadii keessaa kamtu addaa?

A. Buttaa qaluu B. Gumii teessisuu C. Baallii fuudhuu D. Jaarsa Hirkoo

2. Karrayyuu biratti cidhi geettii guutummaatti dabarsanii kennuu maal jedhama?

A. Libooma B. Buttaa C. Buttaa qaluu D. Soottii

3. Gadaa keessatti foolleen waggoota meeqaan booda gadooma?

A. 12 B. 6 C. 16 D. 8

4. Namni buttaa qalu tokko guyyaa gadabaa erga dhaabeen booda faayaalee ulfoo akkamii qopheeffata?

A. Alangee B. Lootii C. Ruufa D. Hunduu deebii dha.

5. Gadaa keessatti dhangaaleen nyaataaf dhugaatii jifuu ta'an kami?

A. Qorii B. Cuukkoo C. Aannanii fi Daadhii D. Hunda

6. Booranaatti yaa'i hangafaa eenyu jedhamaa?

A. Maattii B. Arboora C. Uraagaa D. Hookkuu

7. Gujiitti Gadaan yaa'a meeqa qaba?

A. 4 B. 3 C. 5 D. 6

8. Jilli hanga baallii fuudhiinsaatti raawwatamu kami?

A. Jaarraa utaaluu B. Jila baallii fuudhuu C. Gumii teessisuu D. Lallaba hayyootaa

9. Karrayyuuttii jilli geettii wal harkaa fuudhinsaa maal jedhama?

A. Jila maq baasaa B. Jila gubbisaa C. Jila goobaa D. Jila nyaachisaa

10. Booranaatti Aduulonni baay'inaan meeqa?

A. 8 B. 7 C. 6 D. 5

11. Seera gadaa keessatti namoota seera cabsan qabee Abbaa gadaatti kan dhiheessu eenyu?

A, Jaarsa B, Jaldhaaba C, Abbaa qe 'ee D, Aduula

12. Gaheen Abbaan Bokkuu yaa'a Gadaa keessatti qabu kami?

A, Sirba olkaa sirbuu B, Malkaa Eebbisuu C, Leenjii kennuu D, Jila gubbisuu

13. Jilli nyaachisaa jedhamu eessatti beekamaa?

A. Booranaatti B, Gujiitti C, Arsiitti D, Baaleetti

14. Doorii keessatti jila korma buttaa hidhuu kan raawwatu eenyu?

A, Abbaa duulaa B, Abbaa gadaa C, Aduulaa fiixee D, Ardaa buttee

15. Jilli guddaan Raabni jalqaba raawwatu kamii?

A, Jila dhoksuu B, Jila korma bantii qaluu C, Gaa'ila dhaabbachuu D, deebii hin qabu

16. Gadaa keessatti haati manaa gogeessa Raabaa maal jedhamtee waamamti?

A, Haadha manaa B, Haadha Hambaa C, Dubartii D, Haadha Raaba

17. Bulchiinsa gadaa keessatti caasaan aangoo ol-aanaa qabu maal jedhama?

A, Gumii B, Abbaa Gadaa C, Abbaa bokkuu D, Aduula/Torbii

18. Dabballeen ilmaan eenyuuti?

A, Ilmaan raabaa B, Ilmaan kuusaa C, Ilmaan doorii D, Deebii hin qabu

19. Booranaa fi Gujiitti Gadaan yaa'a meeqa qabaa?

A. 4 B, 5 C, 3 D, 7

20. Gadaa keessatti gulantaan Gaammee xixiqqaatti aanee dhufu maal jedhama?

A. Raaba B, Dabballee C, Gaammee gurguddaa D, Doorii

21. Akka Oromootti dhaha kan himu eenyu?

A, Ayyaantuu B, Abbaa Gadaa C, Qaalluu D, Luba

22. Yuubni gulantaalee meeqa qaba?

A, 5 B, 2 C, 4 D, 3

23. Gadaa keessatti ijoolleen leenjii dootummaa leenji'an maal jedhamu?

A, Buttuu B, Kuusaa C, Dootuu D, Dabballee

24. Maqaa gaammee xixiqqaan ittiin waamamu kamii?

A, Ruubboo B, Qarree duubaa C, Gaammee D, Hunduu deebii dha.

25. Jilli nyaachisa jedhamu eessatti beekama?

A, Booranatti B, Gujiitti C, Arsiitti D, Baaleetti

26. Adeemsa nyaachisaa keessatti jilli jalqabaa maal jedhama?

A, Ardaa jilaa B, Wal argii C, Sirba xunnee D, Sirba mokkee

27. Gaammee gurguddaa keessatti hiriyyummaan dargaggotaan ijaaramu maal jedhama?

A, Kuuchuu B, Addooyyee C, Buttuu D, Raaba

28. Ijoolleen leenjii buttummaa fudhatan maal jedhamu?

A, Buttummaa B, kuuchuu C, Buttuu D, Dootuu

29. Mi'a fardaa kan hin taane kamii?

A, Fuuloo B, Cancala C, Bokkuu D, Luugama

30. Dootuun iddoo biraatti maal jedhamu?

A, Ilaalaa B, Jalkeettuu C, Dooyattuu D, Hunda

31. Leenjiin gaammee gurguddaaf kennamu maalii?

A, Jabbilee tiksuu B, farda gulufuu C, Maatiif ergamu D, Foora godaanuu

32. Gadaa keessatti gulantaan jalqabaa kami?

A, Raaba B, Dabballee C, Kuusa D, Doorii

33. Aanga’oonni gulantaa kuusaa keessatti filataman maal jedhamu?

A, Torbii B, kuusaa C, Raaba D, kuuchuu

34. Galmi leenjiin torbii itti kennamu maal jedhamaa?

A, Foora B, Fooqa C, Torbii D, kuusa

35. Maqaan aanga'oota torbii kan ta'e kamii?

A, Torbii B, jaldhaaba C, Fooqa D, A fi Bn deebii dha.

36. Namni gulantaalee gadaa seeraan xumure maal jedhama?

A, Luba B, Gadaa C, Raaba D, Jaarsa

37. Kuusni gulantaa meeqaffaa irratti argama?

A, 3 B, 2 C, 4 D, 5

38. Gulantaan guddina aartii fi aadaa oromoo keessatti gahee guddaa qabu gulantaa kamii dha?

A, Dabballee B, Gaammee gurguddaa C, Raaba D, kuusa

39. Sirba ruddii eenyutu sirbaa?

A, dubartoota B, jaarsolii C, dhiirota D, ijoollee

40. Raabni jiloota walitti aanan meeqa raawwata?

A, 4 B, 2 C, 3 D, 5

41. Gulantaalee gadaa keessaa sadarkaan murteessaan isa kami?

A, Raaba B, kuusa C, Doorii D, Gaammee gurguddaa

42. Gadaa keessatti gulantaan bulchiinsa Gadaa keessa jiru maal jedhama?

A, Abbaa bokkuu B, Gadooma C, Abbaa Gadaa D, Aduloota

43. Maqaan waliinii aanga'oota gadaa maal jedhama?

A, Torbii B, Abbaa murtii C, Jaldhaaba D, Waamura

44. Gulantaan gadaa Raabatti aanee dhufu maal jedhama?

A, kuusa B, Doorii C, Gaammee xixiqqaa D, Dabballee

45. Gadaa keessatti jila korma buttaa hidhuu kan raawwatu eenyu?

A, Aduula fiixee B, Abbaa duulaa C, Abbaa gadaa D, Ardaa buttee

46. Ijoolleen dabballee akkamitti kunuunfamti?

A, Hin beelessan B, Hin rifaasisan C, Maqaan hin waaman D, hunda

47. Jilli xumura gulantaa kuusaatti gaggeeffamu maal jedhama?

A, Maq baasa B, Nadhii buluu C, Jila doorii D, Gadooma

48. Gadaa keessatti namni tokko haadha warraa fuudhuu kan danda'u gulantaa kam keessatti?

A, Doorii B, Raaba C, kuusa D, Gadooma

49. Gogeessonni gadaa shanan waggaa meeqaaf biyya bulchuu?

A, 8 B, 5 C, 40 D, 30

50. Gulantaan kuusaa umurii meeqaa hanga meeqaa ti?

A, 0 hanga 8 B, 9 hanga 16 C, 17 hanga 24 D, 25 hanga 32

51. Sirna bulchiinsa gadaa keessatti kan seera tumuu fi seera labsu eenyuu?

A, Raaba B, Yuuba C, Hayyuu D, Abbaa gadaa

52. Sirna gadaa keessatti dhaloonni gadooma keessa turee baallii dabarsee kenne gara gulantaa kamiitti ce'a?

A, Yuuba B, Gadamoojjii C, Hayyuu D, Raaba

53. Bulchiinsa Sirna gadaa keessatti ce'umsi sadarkaa gadaa irraa gara yuubaatti taasifamu maal jedhama?

A, Baatuma B, Jaarsa hirkoo C, Walaannaa D, Qadadduu

54. Gadaa keessatti ijoolleen leenjii dootummaa leenji'an maal jedhamu?

A, Buttuu B, Dootuu C, Raaba D, foollee

55. Maqaan gaammeen xixiqqaa ittiin waamamu kami?

A, Doorii B, Ruubboo C, Soolee D, Foollee

56. Gahee gaammee gurguddaa kan ta'e kami?

A. Jabbilee tiksuu B, Foora godaanuu C, leenjii kennuu D. hunda

57. Yaa'iin walii galaa caasaa bulchiinsa gadaa hunda hirmaachisu kami?

A, Torbii B, Abbaa gadaa C, Gumii D, hayyuu

58. Caasaa bulchiinsa gadaa Oromoo kan ta'e kami?

A, Aduula/torbii B, kuusa C, foora D. deebii hin qabu

59. Jilli hulluuqqoi maaliif gaggeeffamaa?

A, Kadhannaa waaqaaf B, Sirbaaf C, Daa'immaniif D, Dubartootaaf

60. Jila gadoomaa keessatti lubaaf eenyutu gurra uraa?

A, Jaarsa hirkoo B, Obboleettii C, Walannaa D, Qadaadduu